# Seenaa Agostiino

LIDA Italia

Billie Cejka Risnes

Muhammed Berisso

5

Afan Oromo om

Maqaan koo Agostiino jedhama umuriin koo waggaa 51 dha. Hojiin koo nyaata biskileetiidhaan geessuudha. Ijoollee durbaa lama qaba, garuu yoo dubbannu baay’ee rakkisaadha. Aniifi haati isaanii kana booda waan wal hiikneef waliin hin jiraannu.

Erga wal hiiknee booda kiraa manaa kaffaluu waanan hin dandeenyeef, haadha koo waliin jiraadha. Magaalaa kana keessatti kiraan manaa baayyee qaaliidha.

Ji’oota muraasa dura dhaabbata tokko keessatti mana qulqulleessituu ta’ee hojjechaa ture. Wantoota cabe nan supha, saanduqawwan qabadheen deema, yeroo namni barbaadetti nan gargaara ture. Guyyaa tokko dhaabbatichi hojii irraa na ari’e. Maaliif akka ta’e naaf hin galle.

Namoonni hedduun biskileetiidhaan nyaata geessan arge. Biskileetii oofuu waanan danda’uuf, balbala dhaabbata geejjibaa guddaa tokkoo rukute. Tokkoon tokkoon geejjibaadhaaf Yuuroo sadii naaf kennan. Guyyaatti 40€ nan argadha, yoo baay’ee carraa qabaadhee maamiltoonni tiip naaf kennan 60€.

Kaffaltii Ayyaanaa hin argadhu, kaffaltii dhukkubsataa hin argadhu, tasumaa mirga tokkollee hin argadhu. Sun sirrii natti hin fakkaatu, garuu hojiin sun na barbaachisa. Hojjettoonni biroo irra caalaan isaanii godaantota addunyaa mara irraa dhufaniidha.

Namoonni geessan hedduun guyyaa guyyaan balaan miidhamu. Sana booda, namni umrii 25 geessu tokko konkolaataan rukutamee yeroo du’u, aanga’oonni nu hubachuu jalqaban. Osoo sun hin ta’iin dura du’uun isarra hin turre qaaniidha.

Namoota geejjibaa dhaabbilee biroo irraa dhufan waliin ta’uun waldaa naannoo sana jiru tokko waliin koorsii mirga hojjettootaa fudhadhe. Gorsa seeraa bilisaan nuuf kennan. Beekamtii fi mirga dabalataa argachuuf qabsoofne.

Yeroo dheeraa booda hojiin keenya hundi bu’aa argamsiise. Dhaabbanni geejjibaa guddaan tokko adabbii guddaa kaffaluu fi hojjettootaaf hojii dhaabbataa kennuu qaba ture. Addunyaa guutuu keessatti bakka kamitti iyyuu yeroo jalqabaatiif akka ta’e ture. Wanti fooyya’uu waan jalqabe fakkaata.

# LIDA Stories

lidastories.net

## Seenaa Agostiino


LIDA Italia
Billie Cejka Risnes
Muhammed Berisso


CC BY